IBSA ODEEFFANNOO TALAALLII OROMO

Talaallii DTaP (Diphtheria, Tetanus, Pertussis): *Wanti ati beekuu si*

Many Vaccine Information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis

Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Maaliif talaalamnaa?

Talaallii DTaP daa'imma kee dhukkuboota **diphtheria**, **tdiphtheria, tetanus,** fi **pertussis** irraa ni eega.

- **DIPHTHERIA (D)** rakkina hargansuu, naafummaa, fi dadhabbii laphee qaqqabsiisuu danda'a. Osoo talaalliin hin argaminiin dura, dhukkubni diphtheria Ameerikaa keessatti waggaa waggaadhaan daa'imman kumaatamaan lakkaawaman ajjeesaa ture.
- **TETANUS (T)** maashaalee dhiphina dhukkubbii qabuuf saxxiillaa. Mangaagaa "cufuudhaan" namni kanaaf saaxilame afaan isaa banuu ykn liqimsuu aka dadhabuu godhuu danda'a. Dhukkubni tetanus wara qabaman 5 keessaa 1 irra du'a qaqqabsiisa
- **PERTUSSIS (aP)** akkasumallee qakkee jedhamee beekama, balaa qufaa hamaaf saaxilun daa'imman akka hin nyaannee, hin dhugnee, ykn hin harganne kan taasisuudhaa. Innis dhukkuba sombaa, qabuu (dhabamsiisuu fi mallattoo balaa), manca'uu sammuu, fi du'aa qaqqabsiisuu danda'a.

Daa'imman hedduun DTaP talaallamanis umrii ijoollummaa isaanii guutuu fayyaa ta'u danda'u. Talaallamu yoo dhaabne ammo daa'iimman biraa baayyeen dhukkuboota kanneeniin qabamu danda'u.

2 Talaallii DTaP

Daa'imman hanga qoricha talaallii DTaP 5 argachu qabu, kunis hanga qoricha tokko umriiwwan armaan gadii hunda irra ttuu:

- Ji'oota 2
- Ji'oota 4
- Ji'oota 6
- Ji'oota 15-18
- Waggoota 4-6

DTaP akkuma talaalliwwan birootti sa'aatii wal fakkaataatti kennamu danda'a. Akkasumas, yeroo tokko tokko daa'imni tokko DTaP talaalliwwan biroo tokko ykn baay'ee waliin makamee kennamu danda'a.

3 Daa'imman muraasni talaallii DTaP argachu hin qaban ykn turu qabu

DTaP'n daa'imman umurii isaani waggaa 7 gad qofaf kennama. Talaalliin DTaP nama hundaf kan gareen daa'imman muraasaaf bakka DTaP itti talaalli adda kan diphtheria fi tetanus qofa qabuu kennamu qabaa.

dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa keef himii:

- Daa'imni **erga hanga qorichaa DTaP duraani fudhachu booda dhukkubbii adanyoo godhatte,** ykn **dhukkubbii adanyoo baay'ee hamaa, lubbuuf sodaachisu**.
- Yoo **erga talaallii hanga qorichaa DTaP fudhatanii booddee guyyaale 7 keessatti dadhabuu ykn gagabddoo deddeebiin argate.**
- Yoo **gagabddoo ykn dhibee sirnaa narvii** qaba ta'e.
- Yoo dhibee **Guillain-Barré Syndrome (GBS)** jedhamuu qaba ta'e.
- Hanga qorichaa talaallii DTaP ykn DT duraani fudhachu booda **dhiita'uu fi dhukkubbii rakkisaa.**

Yeroo tokko tokko, dhiheessaan tajaajila kunuunsa fayyaa kee talaallii DTaP daa'ima kee yeroo biroottif dabarsuu danda'a.

Daa'imman dhukkubbii xiqqoo, kan akka qorraa qaban,tasa kan talaallaman ta'a. Garuu daa'imman giddu galeessaan ykn gar-malee dhukkubsatanis talaallii DTaP hin kennamuuf, hanga dandamatanitti eeguu qabu.

ogeessi yaalaa keessan odeeffannoo dabalataa isinii kennuu danda'a.

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

4 Balaa talaalii irraa dhufuu dan'au

- Erga talaalliin DTaP fudhatamee booddee bakka lilmeen kenname turetti diimachuun ykn liqimsuun fi dhiita'uun kan baratameedhaa.
- Walmakuu, dadhabbii ykn fedha nyaataa xiqqaachuu fi balaqqamsiisuu walumaagalatti erga DTaP kennameef booda guyyoota 1–3 tti.
- Rakkinoonni kan akka: hollachu, booyicha hin dhaabbanne, sa'aati 3 ykn isaa ol, layidaa ol'aanaa 105°F. Rakkinoonni hamoon hedduun biroo erga talaalliin DTaP fudhatamee booddee gabaafamaniiru.
- Holachuu yeroo dheeraa of wallaaluu, ykn dandeetii yaadduun hir'achuu, manca'ina sammuu dhaabataa, erga talaallii DTaP fudhatameen booddee daqiiqawwan muraasaa fi sa'aatiiwwan muraasa booddee kan muudatudha.

Akkuma talaallii biroo, carraan qorichi talaalliin kennamu miidhaa hamaa ykn du'a qaqqabsiisu isaani baay'ee xiqaadha.

5 Dhiibaan cimaa ta'e yoo mudate hoo?

Talaallidhaan booddee mallattoolee adanyoo cimaan mulachuu danda'a erga daaimni buufata-fayyaatii deemeen booda. Yoo mallatoo adanyoo miidhaa hamaa (qaama irratti waa bahuu, dhiita'uufuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhawannaa onnee sardamaa fi dadhabbii) kan argitu tahe 9-1-1 irratti bilbilaa fi daa'imma sana gara hospitaala dhihootti geessaa.

Yadda fi malatolee biroo si dhimmuuf, dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa daa'ima keessaniif bilbili.

Adanyoo miidhaa hamaa qaqqabsiisu Sirna Gabaasa Miidhaa Talaalliif (VAERS) gabaafamuu qabaa.

Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif gabaasuu ni dandeessu. Marsaritii www.cdc.gov/vaccines daa'wadhaa ykn 1-800-822-7967 bilbilaa. *VAERS gabaasa qofaafi, tajaajila gorsa yaalaa hin kennu.*

6 Sagantaa Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalawaa miidhaa talaalliwwaniin dhufaniif beenyaa kan kennuudhaaf hundeeffameedha. Waa'ee sagantaa kanaa fi haala beenyaan itti guutamu barachuf karaa **1-800-338-2382** irratti bilbiluu ykn marsaritii **www.hrsa.gov/vaccinecompensation** daa'wachuu danda'u. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

7 Akkamittan waa hedduu barachuu danda'aa?

- Dhiheessa Tajaajila kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa.
- Qajeelcha fayyaa naannoo ykn bulchiinsa keessaniif bilbilaa.
- Giddu gala To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636 (1-800-CDC-INFO)** bilbilaa ykn
  - marsaritii **www.cdc.gov/vaccines** do'adhaa

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa gaime fooyyessu Michiganifi, Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale full duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

DCH-0469O
AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.
Translation provided by the Minnesota Department of Health

Vaccine Information Statement (Interim)
DTaP (Diphtheria, Tetanus, Pertussis) Vaccine Oromo

Office use only

08/24/2018 | 42 U.S.C. § 300aa-26